Kuusaa ωalalo



QUUQAA LAPHEE JALAA

Abdussalaam Idriis

Quuqaa Laphee Jalaa

Barreessaan :

Abdussalaam Idriis

Gulaalaan :

Muhabbaa Muusaa

Kitaaba Kana Irratti Yaada Ykn Qeeqa Akkasumas Dogongora Naaf Sirreessuuf:

Lakk Bil: 0905550014

Telegiram : @Seyfal_Islam

Nama Na Jaallatu Hanga Inni Ana Jaallatu Caalaan Isa Jaalladha, Namni Na Jaallaattan Yaada Keessan Naaf Kennaa Dogongorakoo Naaf Sirreessaa.

DURSA

بِسْمِ اللهِ الرّحْمَنِ الرّحِيمِ

MAQAA RABBII AKKAAN MARARFATAA RAHMATA GODHAA TA'EETIIN

Faaruun Kan Rabbiiti. Isan Faarsa. Isuma Qofan Of Gargaarsifadha. Dhiifamas Isarran Barbaada. Hamtuu Lubbuu Kiyyaa Fi Dilii Dalagaa Kootii Irraa Rabbittin Maganfadha. Nama Rabbiin Qajeelche Wanti Jal’isu Hin Jiru; Nama Inni Jal’ises Wanti Qajeelchu Hin Jiru. Gabbaramaan Dhugaa Rabbii Tokkicha Malee Hin Jiru, Inni Tokkicha Hiriyaa Hin Qabne Jedhee Ragaan Ba’a. Muhammadis (SAW) Garbicha Rabbii Fi Ergamaa Isaa Ta’uu Ragaan Ba’a.

Yaada Gulaalaa

Namni Ergaa Isaa Karaa Garaa Garaan Dabarfata, Karaalee Kanneen Keessaa Tokko Walaloodha, Walaloon Haala Gabaabaafi Hawwataa Ta'een Ergaa Dabarfachuuf, Waan Barbaadan Jajuuf Yookaanis Qeequuf Nama Gargaara,

Walaloo Barreessuun Kennaa Addaa Gaafata, Kennaa Ifaajjii Ufiitiin Fooyya'aa Deemu Namoota Kennaa Kana Qabaatanii Of Fooyyessuuf Ifaajan Keessaa Tokko Barataa Abdussalaam Idriis,

Abdussalaamiif Kitaabni "Quuqaa Laphee Jalaa" Jettu Kun Kan Jalqabaati, Haata'u Malee Mata Dureen Inni Kaaseefi Akkaataan Seensa Jechootaa Inni

Fayyadame Yoo Ilaallu Barataa Reef Lafaa Ol Ka’aa Jiru Osoo Hin Taane Waloo Umrii Dheeraa Irra Ture Isa Fakkeessa,

Ergaa Isaa Karaa Mi’aawaaa Fi Hawwataa Ta’een Nuuf Kaa’ee Jira,

Walaloo Babbareedoo Kanniin Waan Nuuf Gumaacheef Galatoomi, Qalamni Kee Hin Qoorin, Dabalee Dabalee Haa Mirgu Jechaa Itti Dhiyaachuun Akka Dubbistan Isin Affeera,

Muhabbaa Muusaa

Galata

Dursee Rabbi Guddaa Fayyaa Fi Nagaha Naaf Kennee Kitaaba Walaloo Kana Barreessee Dubbistootaaf Dhiyeessuu Kan Naaf Laaffise Galanni Haa Ga'u, Yaada Kiyya Galmaan Kan Naaf Gahe Alhamdulillaah Jechuudhaan Galata Dachaa Dacha Rabbiif Galcha,

Akkasumas Haadhaa Fi Abbaa Koo Kan Naguddisanii Carraa Barumsaa Argachuu Kiyyaaf Sababa Ta'an, Abbaakoo Galgala Yeroo Mara Ofitti Nawaamee " Hadha Maal Hojjattee Oolte" Yeroo Kee Maalitti Fixxe Jedhee Kan Nagaafatu, Yerookoo Waan Hin Taanetti Akka Hin Balleessineef Kan Na Gorsu, Kan Najajjabeessu, Hanga Dandeettii Isaatti Fedhiikoo Gootuuf Kan Carraaqu, Idriis Jamaal Waan Siin Jedhu Hin Qabu Galanni Kee Duniyaatti Jireenya Gammachuu Aakhiraatti Qubsumni Kee Jannatal Firdawus Haa Ta'u.

Ammas Haadhakoo Zahraa Kadir Jiraachuu Kiyyaaf Bu'uura Kan Taate, Madda Jaalalaa, Waa'eekee Dubbachuuf Jechi Nahanqata, Ana Gammachiisuuf Waan Dadeessu Mara Kan Naaf Gootu, Kan Na Jajjabeessitu, Keessattuu Jecha Isii " Abdiikoo Ati Nama Guddaadha Bakka Guddaa Naaf Geessa" Jecha Isii Kana Yoomuu Hin Dagadhu, Haadha Umrii Naaf Dheeradhu, Duniyaa Fi Aakiraas Rabbi Sihaa Gammachiisu,

Itti Aansuudhaan Warroota Kitaaba Kana Qopheessuu Isaa Irratti Yaadaan Na Cinaa Dhaabbatanii Na Jajjabeessan Hunda Maqaa Rabbiitiin Isaan Galateeffadha,

Keessattuu Gulaallii Kitaaba Kanaa Irratti Kan Na Gargaare **Muhabbaa Muusaa** Yeroo Isaa Qaalii Naaf Keennee, Yeroo Isa Barbaadetti Argamee Yaada Bilchaataa Kan Naaf Kennu, Gorsa Obboleessaa Kan Nagorsu,Guyyaa

Tokkollee Kan Nan Hifanne, Kitaaba Kana Haala Gaariidhaan Kan Naaf Gulaale, Akkasumas **Saabit Yaziid** Kitaaba Kana Naafgulaaluudhaa Bakka Dogongoraa Kan Naaf Sirreesse, Obboleessakoo **Abduljawaad Idriis** Kiitaaba Kana Bu'uura Isaa Ka Nana Waliin Kaa'ee Na Waliin Xumure,**Kunuuz Siraaj** Hiriyaakoo Amanamaa, Kan Hamilee Naaf Kenne, **Baysaa Muhammad** Gorsa Haadhaa Kan Na Gorsitu Kan Na Jajjabeessitu, Haamilee Guuddaa Naaf Kennitee, Waan Baay'een Sirraa Baradhe, Faayyaa Guutuun Siif Hawwa, Habiibaa Kadir Atis Galata Guddaa Ana Biraa Qabda, Galata Kiyya Kan Addaa Irra Deebi'ee Isiniif Galchuu Barbaada, Rabbiin Jazaa (Mindaa) Keessan Hunda Jannata Haa Taasisu, Nama Gaaddisa Arshii Rahmaan Jalatti Waliin Dhaabbatu Nu Haa Taasisu,

Mata Duree Walaloo Kitaaba Kana Keessatti Argamanu

- Quuqqaa Laphee Jalaa!
- An Yoomuu Muslima
- Dursi Aqiidaadhaafi
- Hin Komatin Nama.
- Hin Jettan Akka Kaleessaa!.
- Dubbiitu Adda Baasa
- Yeroo Kophaa
- Hiyyeessa
- Maali Yaa Jiruu
- Hin Dhiphatin
- Gaafas Eenyu Laata
- Nan Madaalu
- Kabajaa Fi Jaalala
- Al-Hamdulillah
- Jireenyaaf Hindhiphatin
- Fuudha Fi Heeruma Wayya
- Isinan Jaalladha
- Yaa Dhugaa
- Aah Jennee
- Siifan Uumame
- Irmii Naaf Haa Tahu
- Ati Har'a Hojjedhu
- Isiniif Haa Kennu
- Yaarabbi Nurraa Cufi
- Yaachiftuu
- Haadha Koo
- Maal Dhabne
- Ati Kamiin Filatta
- Wabii Qabdaa
- Yaali Ammas Yaali
- Ittiin Booharaa
- Kana Yaadatteettaa
- Xiqqoodha Jettee Hin

Tuffatin

- **Madda Gammacchuu**
- **Tawbaa Heddummeessaa**
- **Qalbiidha Nuuf Kenne**
- **Abdii_Hin_Kutiin**
- **Guyyaan Ni Jijjiirama**
- **Seeqqadhuu**
- **Jaalala Dhugaa**
- **Milkii**
- **Aangoo Fi Harmi Kufuun Isaa Hin Oolu**
- **Mirga Kooti**
- **Siin Hin Araaramu**
- **Kan Akkanaas Jira**
- **Dhaga'i Siifan Himaa**
- **Akkas Malee Taatiiree’**
- **Nagaatti**

- DUBBISA GAARI

Quuqaa Laphee Jalaa!

Kaayyoodhaaf Hawwiikoo

Isa Bara Dheeraa

Kunoo Tokko Jedhee

Amma Jalqabeera

Galanni Haa Ga'u

Rabbii Uumaa Maraa

Cinqii Tokko Malee

Naaf Laaffise Karaa

Hawwiin Bara Dheeraa

Amma Naaf Milkaa'e

Quuqqaan Laphee Kootii

Si Bira Naaf Ga'e

Sababa Geessifnaan

Milkeessaan Rabbuma

Galanni Isa Haa Ga'u

Dachaa Kuma Kuma

An Yoomuu Muslima

An Yoomuu Muslima

Natti Hin Basin Maqaa

Islaamummaa Qofa

Bar Amantiin Haqaa

Flatee Nuuf Kenne

Gooftichi Khaaliqaa

Kanaafuu Hin Fedhu

Ani Maqaa Biraa

Islaamummaa Qofa

Kan Dhufe Rabbiin Biraa

Maqaadhuma Argan

Ofitt Moggaasuun

Wallaahii Billaahii

Akhiraa Nun Baasu

Islaamummaa Qofa

Kan Bor Si Badhaasu

Yaa Ummata Muslimaa,,,

Qur’aanaa Fi Hadiisa

Sirriitti Jabeessa

Firqaa Garaa Garaa

Ofirraa Fageessaa

Boru Akhiraadhaaf

Kanatu Ba’eessa

Amma Yeroo Kana

Firqaanis Baayyaetee

Hunduu Maqaa Adda Addaa

Ofitti Baafatee

Kaan Suufii Ofiin Jedha

Kaanimmoo Salafii

Kaanimmoo Hambalii

Inni Kaan Hanafii

Kaan Ashaa’iraadha

Kaanimmoo Wahaabii

Dhugaan Isa Kamii

Kamtu Qaba Wabii

Inni Kaan Ikwaanii

Kaanimmoo Shii’adha

Kaanis Ofiin Jedha

Ani Shaafi’iidha

Maal Kana Qofa Ree

Ni Jira Ammasii

Kan Ofiin Jedhullee

An Ahlul Hadiisi

Ammas Tokko Jira

Kan Maqaa Da’awaan Deemu

Ani Tabliigiidha Jedhee

Kan Uf Waamu

Maqaa Rabbi Nuwaamen

Lafatti Dagannee

Maqaa Adda Adda

Ofitti Baafannee

Yaa Rabbi Nuuf Dhiisi

Nuti Si Kadhannee

Ani Gaffiin Qaba,,,

Amantiin Nabiyyootaa

Mee Maaluma Turee?

Suufii Moo Salafii

Kamiin Natti Himturee?

Yookaanii Ikhwaanii

Yookaanimmoo Tabliigaa

Waan Jedhaa Jirtaniif

Garuu Qabduu Raga?

Dhaga’i Sittan Himaa

Eega Diddee Ati

Karaan Jara Hundaa

Amantii Islaamaati

Ibraahiim Ishaaqii

Muusa Dabalatee

Maqaa Gara Biraa

Eenyutu Moggaafatee?

Hunduu Islaamummaadha

Kan Jarri Himate,

Nabi Iisaa Dhaa Fi

Nabi Muhammadis

Islaamummaadhaafi

Jiruun Jaraatiifi Duutis,

Rabbitu Nuuf Baase

Maqaa Islaamummaa

Ani Ragaan Qaba

Qur’aana Guutamaa

Kunoo Akkas Jedhee

Ofiisaa Nuuf Himaa

Waradiitu Lakumul

Islaama Diinaa

An Isiniif Jaalladhe

Amantii Islaamaa

Maqaa Rabbi Nuuf Baase

Osoo Harkaa Qabnuu

Maqaa Adda Addatiin

Maaliif Kan Uf Rakkannuu?

Kunoo Amma Booda

Islaamummaaqofaan

Lamuu Uf Haa Waamnu

Dursi Aqiidaadhaafi

Dursi Aqiidaadhaafi

Kan Kennamuu Qabu

Mee As Nuuf Haa Ba'u

Kan Mormii Kana Qabu

Barnoonni Aqiidaa

Bu'uura Islaamaati

Nama Irraa Barattan

Filadhaa Duratti

Aqiidaa Isa Sirrii

Baradhaa Sirriitti

Aqiidaa Qulqulluu

Aqiidaa Salafaa

Kana Yoo Hin Taane

Bor Karaatti Hafa

Karaa Rasuulaafi

Karaa Sahaabotaa

Karaa Taabi'aa Fi

Karaa Khalafootaa

Qoradhaa Baradhaa

Gaafadhaa Ulamoota

Jette Jettee Namaa

Kan Ragaa Hin Qabne

Sana Qabattanii Bor

Karaatti Akka Hin Hafne

Qur'aanaa Fi Hadiisa

Sirriitti Qabadhaa

Shirkiidhaa Fi Bid'aa

Isarraa Fagaadhaa

Bor Isin Balleessa

Homaa Hin Qabu Faaydaa.

Ergaa Koo Kan Hadhaa

Asitti Haa Dhaabu

Rabbi Karaa Sirriirra

Gadi Nuhaa Dhaabu

Hin Komatin Nama

Kan Nama Komattu

Asiif Achi Deemtee

Gahee Siif Kenname

Hojii Kee Dagattee

Akka Sin Fayyanne

Sirriitti Hubadhuu

Haasaa Komii Dhiisii

Ifatti Dubbadhu

Bar Nigaafatamta

Waan Haasoftu Irraa

Kana Yaadadhuutii

Fagaadhu Komiirraa

Waan Ati Hojjattu

Yeroodhaa Yeroodhaan

Eegamaati Jirta

Bari Malaykaadhaan

Bor Sitti Dhiheessu

Waan Hunda Ragaadhaan

Egaa Gaafa Sana

Mormuu Hin Dandeessuu

Raga Qabatamaa

Sirraatti Dhiheessu

Harkaaf Miila Keeti

Kan Sirraatii Odeessu

Rabbiinis Komiirraa

Nu Dhoowweetu Jira

Akkana Jechuudhaan

Qur’aan Himeeraa

“Foon Nama Du’ee

Namni Nyaatu Jiraa?”

Kana Nuun Jechuudhaan

Nu Seeratee Jira

Eega Kana Ta’ee

Homaa Sin Fayyadu

Hin Komatin Nama

Ergaa Koo Fudhadhuu

Ta’i Fayyadamaa

Irraa Nu Haa Eegu

Rabbiin Nu Hundumaa

Hin Jettan Akka Kaleessaa!

Islaamaan Shorarkeessa

Hin Jettan Akka Kaleessaa

Ulamaas Hiitanii

Hin Baastan Biyya Keessaa

Islaamni Farra Nageenyaatii

Jettanii Himaa Ooluu

Dhiisaa Yaa Jarana

Isiniif Hin Tolu

Dhaabuu Keessan Wayya

Median Ololuu

Warri Nutti Tumtan

Dibbee Sobaa Baattanii

Kan Lallabaa Ooltan

Osoma Beektanii

Osoo Islaamummaan

Hin Jirre Addunyaa Kanarra

Silaa Isinumtuu

Hin Jirtanu Harra

Islaamummaa Tuqxee

Yoomuu Nagaa Hin Taatu

Rakkattee Beeloftee

Nitaata Maraatuu

Koroonaan Kan Dhufe

Islaamummaa Tuqnaani

Kana Ilaaliiti

Qabadhu Afaani

Obsa Fixataa Jirra

Yoo Dhiistan Maleessaa

Nuti Isin Hin Dhiisnu

Bari Akka Kaleessaa

Dubbiitu Adda Baasa!

Yaa Ummata Kiyya

Isin Yaa Muslimaa

Rabbiin Zaakkaruutti

Jabaadhaa Naa Cimaa

Waan Bu'aa Hin Qabne

Maaloo Hin Dubbatinaa

Waan Isin Miidhutti

Tasuma Hin Siqinaa

Dura Itti Yaadi

Yoo Feete Dubbachuu

Bu'aaf Miidhaa Isaa

Adda Baasi Lachuu

Wallaalaa Hin Ta'in

Ta'i Beekaa Namaa

Bar Dubbii Isaatiin

Namni Adda Baafama

Yeroo Kophaa!

Mamni Yeroo Qobaa

Rabbiin Hin Sodaanne

Waan Fedhe Hojjachuuf

Waan Tokko Hin Saalfanne

Sodaa Himachuu Isaa

Tasa Akka Hin Amanne

Qabaachuu Keef Ragaan

Ati Rabbiin Sodaa

Wanjala Dhiisuudha

Yeroo Jirtu Qobaa

"Namni Yeroo Qophaa Bahe Sodaa Rabbii Hin Qabaanne Sodaa Himachuu Isaa Keessatti

Akkaan Kijibaadha" Sheekh Abdulqaadir Jeylaanii

Hiyyeessa...!

Hiyyeessi Osoo Buluu

Agabuu Sibiraa

Akkamiin Danda'a

Garaan Kee Yaa Firaa?

Gosa Meeqa Filattee

Gosa Meeqa Nyaatta

Inni Tokko Dhabee

Asiif Achi Kaata

Yoo Hin Jaalatin Hiyyeessa

Isa Firaaf Ormaa

"Muslima" Ta'uun Kee

Akkamiin Beekamaa?

Jaalala Rasuulaa

Akkamiin Himatta?

Laalaa Dabarfatta

Atihoo Rakkataa

Gargaari Miskiina

Waan Qabdu Hundarraa

Galata Hin Eegin

Yoomuu Ilma Namaarraa

Abdiidhaan Eeggadhu

Jazaakee Rabbirraa

"Namni Odoo Hiyyummaa Fi Hiyyeeyyii Hin Jaalatin Jaalala Rasuulaa (S,A,W) Himatu Akkaan Sobaadha" Sheekh Abdulqaadir Jeylan,

Maali Yaa Jiruu!!?

Maaloo Jiruunana
Nandhiphisin Dhuftee
Anoo Dhiphadheeraa
Maali Yoo Nadhiiftee

Sammuukoof Boqonnaa
Nadhowwitee Jirtaaa
Mee Ati Yaa Jiruu
Yoomuma Nadhiiftaa?

Teessee Hulaa Jiruu
Sammuukootti Bantee
Hirribaaf Boqonnaa
Maaliif Nadhowwitee?

Mee Kottu Rabbii Jedhii

Nadhiisi Yaa Jiruuuuu

Nama Dhiphisuudhaaf

Wanni Akkakee Hinjiruu

Hin Dhiphatin

Dhiphattee Hin Rakkatin

Hin Ciqamin Homaa...

Dummessa Heddu Booda

Roobatu Argamaa....

Rabbiin Ati Qabdu

Mitii Akka Namaa ....

Ayyoo Si Deesse Caalaa

Isatu Siif Dhimmaa....

Gaafas Eenyu Laata?

Gaafas Eenyu Laata?

Kan Ijaan Si Argu

Guyyaa Gammachuun

Mu’uminarraa Margu

Ijaan Si Arguudhaaf

Kan Hiree Argatee

Maaluma Ofiin Jedha

Kan Ati Ragaa Baateef

Carraa Isaan Arguu

Rabbi Nubadhaasi

Ollama Isaanii

Ati Nutaasisi

Aaamiin Warri Isaan Arguu Feetan Qofti

Salawaata Buusaa Irratti S,A,W

Nan Madaalu

Aadaan Faranjiidhaa

Anaan Nan Madaalu

Kiyya Amantaadha

Kan Hunda Naaf Caalu.....

Nuti Muslimtoonni

Seera Gaarii Qabna

Caalaa Hunda Namaa

Muhammad Hordofna...

Guyyaan Kan Rabbiiti

Hunduu Wol Qixadha

Ayyaannis Faxriidhaaf

Arafaa Qofadha....

Waan Amantaan Alaa

Kan Diinii Faallessu

Qalbiin Koo Yoomiyyuu

Kana Hin Keessummeessu.....

Aadaan Faranjiidhaa

Farra Amantaati

Diin Kootu Naaf Caala

Dunyaaf Aakiratti....

Kanaaf Valantine

Muslimni Haa Dhiisnu

Aadaa Fokkataarraa

Achi Haa Fagaannu....

Kabajaa Fi Jaalala

Nu Keessa Hin Jiru

Bakka Dhaqe Dhabne...

Aaduma Keenya Ture

Ergisaan Hin Dhufne...

Marree Lafa Keenye

Akka Huccuu Moofaa...

Wal Jaalallii Dhibee

Hunduu Jibbaa Oofaa...

Kabajaan Hin Jiru

Ilmaaf Abbaa Bira..

Ofii Abbaa Tahee

Ilmi Abbaatti Aara...

Al-Hamdulillah

Suma Kan Olnakaasu

Yoon Gufadhes Lafatti

Harkakoo Naqabdee

Nakaasta Laafaatti

Kanaafan Sindagadhu

Halkan Tahus Guyyaa

Tokkicha Uumaakoo

Sumatu Naaf Wayya

Jireenyaaf Hindhiphatin

Jireenyaaf Hindhiphatin

Sijiraachisa Rabbiinii

Atummaan Obsa Qabaadhu

Hin Ariifatini Qalbiinii

Qormaanni Jireenyaa

Sitti Baayatus Hedduu

Nidhufa Gaaftokko

Guyyaati Gammaaddu

Akkanatti Hin Hafu

Siif Jijjiirama Guyyaan

Rabbiin Hulaa Jiruu

Siif Banuu Dandayaa

Ati Kana Beektee

Obsa Qabaachu Wayya

Daandiin Jireenyakee

Sitti Tahus Tulluu

Guyyaa Tokko Dirree

Siif Tahuunsaa Hin Oolu

Warri Hardha Sijibbus

Hiyyummaakee Laaluun

Gaftokko Isaaniin

Barbadamunke Hin Olu

Fuuldurri Jiruukee

Qoreedhaan Marfamee

Duumessa’uu Fedhus

Huurriin Sakaalamee

Waan Hin Roobne Sitti

Fakkaatus Diigamee

Gaaftokko Siif Roobuun

Hin Oolu Guungumee

Fuudha Fi Heeruma Wayya

Yaadaan Ciqamuurra

Fuudhaatii Heerumaa

Turuun Gaarii Miti

Callisnee Qeerrummaan

Filadhuutii Heerumi

Atis Isheen Durbaa

Atis Ishee Fuudhi

Jalaa Hin Badin Gurbaa

Wal Rakkisuu Dhiisaa

Teessanii Halaalaa

Seeraaf Heera Guutaatii

Walfudhaatii Galaa

Rabbiin Isinirraa Haaqabu

Cinqiidhaafi Bala

Isinan Jaalladha

Isinan Jaalladha

Lubbuu Kiyya Caalaa

Anaaf Isin Kanatu

Waan Hunda Naaf Caala

Toltuun Isin Haabarbaaaddu

Addunyaa Mara Keessaa

Barakaanis Haaguutu

Mana Keessan Keessa

Naaf Jiraadhaa

Yaa Dhugaa!

Bakki Ati Jirtu

Samiimoo Lafarraa?

Eessa Si Barbaannu

Mee Yoom Si Agarraa?

Dhibeen Nuti Himannu

Akka Tuullaa Xaafii

Gosti Isaa Hedduudha

Eeyyee Hin Galle Naafii

Kaan Mataa Himata

Gariin Miillaaf Iyyaa

Ati Eessuma Jirtaa

Mee Maaf Dhabdee Biyya?

Lallabnee Si Waamnaa

Yaa Dhugaa Dhagahii

Diddee Nun Miliqin

Mee Nu Bira Gahii

Nii Dhageessaa Dhugaa

Tarii Sin Argannuu

Osoo Ati Jirtuu

Maaliif Kan Rakkannuu?

Nuuf Argami Dhugaa

Dheebuun Keenya Sumaa

Hamaa Si Mufatuuf

Kenni Carraa Dhumaa

Abjuu Bara Beelaa

Taatee Hin Hafinii

Ati Argartuu Keenyaam

Nu Duraa Hin Laafinii

Namni Nuuf Hin Yaadu

Fedhuma Isaaf Kaataa

Waanumati Baddeef

Mugaarra Fakkaataa

Nagaa Nu Barbaannu

Eessaa Nuuf Argamaa

Sobatoo Si Dhaalee

Nuuf Tolchee Luugamaa...

Anis Balleessituudha

Akkuma Ilma Namaa

Sagaltamii Meeqan

Hojjedhe Waan Hamaa

Asiif Achi Fiigee

Tulluu Badii Ijaareen

Zaalimtootan Tahe

Badiitti Jarjareen

Addunyaa Kanarras

Sobaan Yoon Jiraadhee

Hojiikoo Fuulakee

Fideen Dhufa Baadhee

Guyyaanan Baadhee

Fidu Badii Guddaa

Naaf Araarami Maaloo

Badii Kankoo Hunda

Aah Jennee.....

Aah Jennee Afuura

Gubaasaa Baafanne

Masjidni Gubannaan

Garaadhaa Gubanne...

Mirga Amantaadhaa

Nama Hin Kadhannu

Ofiif Eegsifanna

Namattin Haajomnu....

Cal Jechuun Ni Gahe

Ol Kaane Wol Qabnee

Muslimtoonni Qabsoof

Fakkeenya Itaane....

Rafan Hin Se'inaa

Ijayyu Hin Jaamsanne

Takkaa Yoom Sodaadhaaf

Mataa Gadi Qabne?

Siifan Uumame!

Rabbi Siif Na Uume

Ture Ergan Baree

Kee Ta'uudhumaafuu

Lubbuukoo Baraare...

Bakkan Deemu Hundaa

Si Fudheen Adeema

Ofittii Sin Baasu

An Suman Kaddama

Yaaddookeen Huqqadhe

Kanaafin Gaddeema....

Qaamaan Qalladhullee

Keessi Koo Nagaadha

Dhukkuba Hin Qabu

Onneen Koos Fayyaadha

Yoon Rakkoo Mudadhes

Sittobseen Dagadha....

Kan Dorgomaa Hin Qabne

Yaa Madda Tawhiidaa

Islaamummaa Kiyya

Naaf Caalta Waan Hundaa....

Irmii Naaf Haa Tahu

Hiyyeessa Rakkatee

Karaarraa Foqoquu

Ani Hawwee Hin Beeku

Nyaadhee Bobbokokuu

Maal Na Dhibe Jedhee

Usee Hin Beeku Takkaa

Namni Arguu Baatullee

Rabbitu Na Argaa

Ofii Natti Tolee

Tottolfadhee Jiruu

Namaaf Gadduu Dhabuun

Maaliree Yaa Tiruu?

Nama Ergan Tahee

Bineensarraa Addaa

Sammuukoon Xiinxaleen

Wabi Dhabaaf Gaddaa

Isa Waaqa Malee

Hin Qabne Birmataa

Kan Boo'ichi Huutee

Seeneeru Ijibbaataa

Isa Jireenyisaa

Gola Yaaddoo Taatee

Isa Beela Obsu

Arraba Alanfatee

Kiisii Duwwaa Tahee

Waa Kiisuu Baadhullee

Nyaachaa Osoon Jiruu

Isa Yaadadhullee

Nan Himaaf Rabbitti

Keessoo Kootti Gaddee

Bira Darbee Hin Beeku

Garaa Itti Jabaadhee

Ati Har'a Hojjedhu

Ati Har'a Hojjedhu

Dhukadhuu Waanfeete

Nidhufa Guyyaan Ati

Hojiikeetti Gaabbitee

Gaabbiin Quba Nyaattu

Ofduuba Deebitee

Har'a Yeroo Qabdaaf

Asiif Achi Utaalta

Akka Bofaaf Qocaa

Huuba Keessa Loota

Adabattee Hinteessu

Hammeenya Namaarraa

Dilii Xiqqaaf Guddaa

Laaqqatta Waamara

Iji Rabbii Si Arga

Inni Nan Argu Seetee

Hardha Asiif Achi Buutee

Hojjetta Waanfeete

Wanni Si Hafu Hinjiru

Iji Mukaaf Baalaa

Footeellee Adda Hinbaastu

Haraamaaf Halaala

Zulmiillee Hintuffattu

Hamma Ija Baaqelaa

Mee Maalfuunee Dhaqna

Fuula Rabbii Dura

Dhaquunkee Dirqama

Bor Ganda Aakiraa

Moo Waan Hintaane

Hojiikeenya Burree

Waanuma Asitti Hojjenne

Fuunee Dhanna Guurree

Nubaasi Yaarabbi

Guyyaa Qarshiin Nama Hinfurre

Yaasalphina Guyyaa

Aarrabni Hidhamuu

Yaasalphina Guyyaa

Namni Qaaneffamuu

Yaa Guyyattii Gaafa

Qaamnikee Sossohuu

Guyyaa Gaafa Inni

Ragaa Sitti Bahuu

Aarrabnikee Hidhaa

Hindandeessu Dubbachuu

Qaamakeetu Dubbata

Kana Goote Jechuun

Hindandeessu Ati

Kana Hin Goone Jechuu

Yaarabbi Nubaraari

Qaaniidhaan Salphachuu

Qaamakeetu Dubbata

Godhatee Afaan

Waan Hojjette Nyaachuun

Akkamittiin Hafaa

Haraamarraa Eeguudha

Qaamakeenya Bari

Yoo Dhugaan Sodaanne

Fitinaa Isa Borii

Galmeeffamuu Beeki

Wanni Goone Hundaa

Waan Ati Hinbeeknetu

Galmeerraa Gurguddaa

Rabbi Nuhaasattaru

Gooftaa Keenya Guddaan

Namni Dhagaa Miti

Hundumaa Nibeeka

Hundumaa Ni Arga

Hundaa Nidhagaha

Akka Nutti Hinbaaneef

Qaamni Keenya Ragaa

Badiirraa Ofqabnee

Gochuu Qabna Nagaa

Isiniif Haa Kennu

Milkii Biyya Lamaaf

Haadha Manaa Iftuu

Ishee Bakkalcha Barii

Ishee Akka Biiftuu

Yoofeetes Magaala

Feetus Ishee Diimtuu

Kan Yoo Ati Ilaaltu

Siin Sigammachiiftu

Ishee Akka Feetetti

Amalaan Bulfattu

Siif Haakennu Rabbiin

Isatti Hin Ulfaatuuuu

Atis Kan Heerumtu

Taatee Jaartii Namaa

Kan Siif Tahu Rabbiin

Filee Abba Manaa

Kan Ati Hawwitu

Siif Haakennu Rahmaan

Kan Waliin Jiraattan

Jireenya Gammachuu

Kan Waliin Milkooftan

Milkii Biyya Lachuuuuu

Inni Uffannaa Shariyaan

Atimmoo Hijaaban

Kan Waliin Hortan

Ilmaan Ajaayibaa

Yaarabbi Nurraa Cufi

Yaarabbi Nurraa Cufi

Hulaa Miskiinummaa

Maaloo Nurraa Qabi

Ammas Faqiirummaa

Banii Nutti Roobsi

Hulaa Rahmatakee

Eessattuu Hin Argamu

Arjaadhumti Akkakee

Banii Nuseensisi

Ati Hulaa Rizqiiii

Kan Nuun Hinjenne

Achi Narraa Siqiiiiii

Kan Nuuf Laattu Malee

Yeroo Hunda Hishqiii

Isa Fuudha Barbaaduuf

Haadha Manaa Bareedduu

Ka Heeruma Feetuuf

A/Manaa Isheen Itti Gammaddu

Anis Tokko Kana

Kasirraa Barbaaduuuuu

Kan Jiruu Keenya Keessa

Yoomuu Hin Jirre Gaddi

Kan Yeroo Hunda Gammannu

Tetteenyee Walmaddii

Ati Nidandeessaa

Waliin Nubarbaadi

Kan Waliin Taphannu

Kolfinee Bashaanee

Kan Walitti Obsinu

Yoo Hagam Rakkannes

Kan Wal Hawwitan

Halkanii Fi Guyyaaaa

Walitti Isin Haabaasu

Inni Nidandayaaaaaa

Yaachiftuu

Miskiina Dadhabduudha

Ani Humna Hinqabu

Kan Kufes Yaarabbi

Suma Kan Olqabuu

Dadhabduu Miskiina

Cufti Ilmaan Namaa

Lubbuu Itti Gooteef

Oliif Gadi Deema

Nuti Humna Hinqabnu

Hirkoon Kankee Jabaa

Qabaataafi Dhabaan

Harka Sitti Olqabaa

Numa Dadhabduu Kanaaf

Qophaaye Ibiddi

Nidandeessa Yaarabbi

Mootii Samiif Ardii

Nuti Hindandeenyu

Gubaa Ibidda Kee

Najaa Nubaafadhu

Tolaaf Rahmata Keen

Dilii Hedduu Qabna

Yaa Ilaahii Keenyaa

Duuniyaan Laaftuudha

Aakiraan Jabeenya

Hin Fokkisiisin

Itti Gala Keenya

Maaloo Yaarabbiikoo

Nuuf Dhiisi Badii Kenya

Ani Kanaafan Iyyee

Booyee Sikadhadhaa

Wanni Nutti Ulfaate

Sittimmoo Salphaadha

Cimaadha Yaarabbi

Dukkanni Qabirii

Nuuf Laaffisi Gaaffii

Nakiiriif Munkariif

Dildila Siraaxaatti

Kufuuf Mucucaachuu

Salaamaa Yaarabbi

Ibiddaan Gubachuu

Masgaba Keenya

Mirgaan Fudhachu

Milkiidhaan Milkoofnee

Jannata Kee Nyaachuu

Marhaabaa Nuun Jedhi

Milkii Biyya Lachuu.

###Aamiin Yaarabbi

Haadha Koo

Sin Jaalladha Ani

Dhugumaan Onneerraa

Sitti Hin Qixxeessu

Waan Tokko Dachiirraa

Yaa Rabbi Naaf Tiksi

Haadha Koo Hamtuurraa

Rabbi Sin Kadhadha

Deebisee Ammasii

Umrii Haadha Kootii

Ati Naaf Dheeressi

Hanga Taa’uun Bareedu

Ya Rabbi Teessisi

Gaafa Guyyaa Dhumaas

Jannata Seensisi

Sadarkaa Haadhaa

Rabbit Olkaase

Qur’aana Keessatti

Maqaa Ofiitti Aansee

Kan Haadhaa Fi Abbaati

Kan Inni Taasise

Ergamaan Rabbiitis

Kana Raggaasise

Haqa Haadhaa Sadihin

Kan Abbaa Caalchisee

Sadarkaa Afraffaa

Kan Abbaa Taasise

Haqqiin Haadhaa Kunii

Baayyee Ulfaataadha

Sirriitti Yoo Hin Eegin

Gaaffiin Isaa Jabaadha

Rabbi Nuhaa Eegu

Inni Danda’aadha

Yaa Rabbi Yaa Gooftaa

Ati Nuuf Laaffisi

Nama Haqa Haadha

Eegu Nutaasisi

Ayii Yaa Haadha Koo

Burqaa Jiruu Kiyyaa

Waa’ee Kankee Himuu

Akkamiin Dandayaa?

Osoon Hin Dubbatin

Imimmaan Nayaa’a

Garaatti Nabaattee

Ji’a Sagal Guutuu

Hundumaa Obsitee

Waan Gaariifi Hamtuu

Ciniinsuu Dahaarraa

Guddisa Koon Cabdee

Bifa Kee Bareedaas

Anaaf Jecha Dhabde

Naguddisuuf Jecha

Asiif Achi Buutee

Najiraachisuudhaaf

Ofiikeetii Duutee

Yoo Mana Hinjirres

Ollaa Liqeeffattee

Anaan Beela Baasuuf

Ofiikee Beeloftee

Anaan Nyaadhu Jetta

Ofiikeetii Hin Nyaattuu

Uffatakee Cirtee

Fiigda Akka Maraatuu

Naguddisuuf Jecha

Kan Ati Dharraatuu

Kana Yoon Yaadadhu

Keessa Koottan Dhiigaa

Harkakee Siqabuuf

Saffisaanan Fiigaa

Akkumakee Durii

Naan Jedhi Mucaakoo

Naan Jedhi Dhalakoo

Anis

Siifan Jira

Jiraadhu Aayyookoo

Jiraadhu Haadhakoo

Maal Dhabne?

Waan Baayyee Hojjanna

Muldhannees Dhokannee

Mee Of Gaggaafadhaa

Maali Wanni Dhabne?

Maaf Gargar Hin Baafnu

Waan Gaarii Fi Hamaa

Wanti Faaydaa Hin Qabne

Maaliif Dalagamaa?

Kaan Osoo Arginuu

Maaf Bira Darbamaa?

Ilaalaa Dabarra

Hamtuu Fi Wanta Gadhee

Iimaana Dhabuutu

Akkana Nu Godhe

Osoo Silaa Qabaannee

Iimaana Dhugaatii

Hin Hojjaanu Ture

Hamtuu Dhokanneetii

Haa Eeggannu Seenaa

Safuuf Aadaa Keenyaa

Yoo Dhugaan Eegganne

Milkaa'uu Dandeenyaw

Iimaana Qulqulluu

Rabbi Nuuf Haa Kennuu

Nuuf Haa Laaffisu Ammas

Keyrii Akka Dalagnuu.

Ati Kamiin Filatta?

Addunyaan Dhumtuudha

Aakhiraan Turtuudha

Kan Sirraa Eegamu

Tokko Filachuudha

Addunyaa Filannaan

Boru Nikasaarta

Osoma Hin Beekin

Harka Duwwaa Taata

Kanaafuu Ni Dhuma

Bari Adduyaanii

Filannoodhaaf Garuu

Siharka Furmaanni

Aakhiraa Filannaan

Boru Ni Milkooftaa

Gaafa Guyyaa Dhumaas

Kan Jannataa Taata

Milkii Guddaa Argatta

Gaabbii Tokko Hin Qabduu

Gammachuudha Malee

Tasa Hin Jiru Gadduun

At Kamiin Filatta?

Kana Lamaanirraa

Filannoon Waan Hundaa

Suma Harka Jiraa,

Wabii Qabdaa?

Waan Gochuu Dandeessu

Hadhuma Hojjadhu

Wantoota Gaggaarii

Boriif Ol Kaayadhu

Beellama Hin Qabin

Waan Amma Dandeessuuf

Ati Bor Hin Beektu

Waan Ta'uu Dandeessu

Tarii Ni Jiraattaa

Yookaanis Hin Jirtuu

Kun Harka Rabbiitii

Waa'ee Kanaa Hin Beektu

Egaa Yaa Qomookoo

Dhaga'i Siifan Himaa

Guyyaan Ati Qabdu

Yeroon Isaa Amma

Kan Boriif Beellamtu

Hojii Xinnaaf Guddaa

Sila Buluu Keetiif

Ati Wabii Qabdaa?

Boriif Hin Beellamin

Yoomuu Hojii Keyrii

Duuti Sitti Dhufa

Isii Hin Beekne Barii,

Bor Jiraachuu Keenyaaf Wabiin Nuti Qabnu Hin Jiru, Duuti Osoo Nuti Hin Beekne Dingata Nutti Dhufa,

Yaali Ammas Yaali

Yaali Ammas Yaali

Hanga Galma Geessuu

Bakka Yaadde Ga'uuf

Homtuu Sin Daangessu

Sababa Geessifnaan

Rabbi Si Gargaaraa

Hanguma Dandeessu

Tattaafadhu Irraa

Waan Ta'uudhaa Feetu

Ga'uuf Fuulduratti

Gaheekee Bahataa

Irkadhu Rabbitti

Ati Obsa Qabaannaan

Waan Hundaa Dandeessaa

Bakka Yaadde Maraa

Insha Allah Nigeessa

Isatti Irkannaan

Rabbi Sigargaaraa

Waan Cufamee Hundaa

Ulaa Sirraa Bana

Ittiin Booharaa

Qalbii Qulqulluudhaan

Du'aa'ii Kadhadhaa

Aamiin Naa Jedhaatii

Najalaa Qabadhaa

Ulaa Sharri Mara

Rabbi Nurraa Haa Cufu

Kan Numiidhuuf Deemu

Karaatti Haa Hafu

Rabbi Nuuf Haa Banu

Karaa Milkii Hunda

Ammas Nurraa Haa Qabu

Ija Hamtuuf Budaa

Kan Him Fuudhin Akkakoo

Kan Jirtu Qobaa Kankee

Sirriitti Niyyadhuu

Abdadhu Rabbiikee

Rabbi Siif Haa Kennu

Durba Babbareedduu

Bifaa Fi Amala Gaarii

Kan Hundumaa Qabduu

Kan Hin Heerumnellee

Warri Shamarranii

Rabbi Isiniif Haa Kennu

Waan Isin Yaaddanii

Qeerroo Babbareedaa

Kan Ana Fakkaatu

Magaala Bateedaa

Isiniif Haa Laatu

Kan Baratuuf Qabxii

Kam Daldaluuf Qarshii

Isa Fuudhuuf Durba

Kam Heerumuuf Gurbaa

Kara Deemaaf Konkolaataa

Kan Beel'eef Nyaata

Mobaayilaaf Chaarjii

Bilbiluudhaaf Kaardii

Intarneetaaf Daataa

Maqaa Namaaf Bootaa

Umrii Dheeraa Jiraadhaa

Waan Barbaaddan Nyaadhaa

Kan Dhabeefis Laadhaa

Waan Hadhaaf Qabanne

Asumatti Dhaabnaa

Akka Nuuf Qeebaluuf

Rabbuma Qabanna

Kana Yaadatteettaa?

Waan Meeqa Dhageeya

Waan Meeqa Agarra

Irraa Hin Barannu

Zim Jennee Dabarra

Waan Darbe Hundumaa

Mee Takka Uf Gaafadhu

Xiinxxallii Ilaalii

Sirriitti Hubadhu

Deebiin Isaa Maali

Maal Faadha Argite

Tarii Ni Jiraata

Wanti Ati Dagatte

Meeqatu Du'e Sibiraa

Kan Ati Isa Beektu

Kaanis Kan Hin Beekne

Kan Gurraan Dhageettu

Meeqatu Dhukkunsatee

Jiraata Sireerra

Fayaa Isaa Dhabee

Cinqamu Achirraa

Ammas Kan Jiraatuu

Rakkatee Daandii Gubbaa

Yoo Ijaan Ilaalan

Garaa Nama Guba

Yoo Argate Nyaatee

Yoo Dhabes Nibula

Waan Uffatu Dhabee

Kan Jiraatu Qulaa

Inni Kaan Yatiima

Haadhaaf Abbaa Hin Qabu

Kana Yaadatteettaa

Kana Hunda Irraa

Rabbi Sigaafata

Agabuu Hin Bulchin

Waan Qabduun Gargaari

Uffatas Keenniitii

Miskiinotan Daari

Xiqqoodha Jettee Hin Tuffatin

Kun Xinnoodha Jettee

Hin Tuffatin Homaa

Bu'aan Inni Qabu

Bari Tarii Kuma

Miidhaa Isaas Taanaan

Hubadhu Akkasuma

Urri Xinnoon Bishaanirraa

Doonii Garagalchiti

Mixima Xinnootu

Arba Biyyaa Baafti

Rirmi Xinnoonillee

Muka Guddaa Jiksiti

Atileetonni Fageenya Dheeraa

Walqixa Eega Fiiganii

Kan Isaan Injifataman

Tarkaanfima Tokkooni

Qabxima Xiqqootu

Barataa Kuffisa

Karoora Isaarraa

Boodatti Hanbisa

Maallaqa Xinnoof Jecha

Waldhaba Baayyen Namaa

Waliif Galuu Dadhabee

Daldalli Diigama

Waldhabbima Xiqqoo

Obsuu Dadhabbanii

Maatii Baay'eetu Jira

Warri Diigamani

Wanti Xinnoo Jedhaman

Miidhaan Jaraa Guddaadha

Jireenya Namaatti Gaaga'ama

Fida Sirriitti Hubadhaa

Xinnaas Ta'ee Guddaa

Kenniif Xiyyeeffannaa

Bu'aa Inni Qabu

Gaaftokko Hubanna

Xinnoodha Jedhamee

Kan Yaadamu Hundi

Jireenya Keessaatti

Hunduu Gatii Qabdi

Xinnoodhuma Yaali

Milkaa'uu Dandeessa

Garuu Yoo Tuffatte

Bari Si Kasaarsa

Madda Gammacchuu

Maalitti Gammadda

Duniyaa Kanarraa

Kan Ati Hawwitu

Otuu Ta'ee Har'a

Waan Hundumaa Caalaa

Ati Maal Jaalattaa

Mallaqamoo Fayyaa

Kam Keessaa Filattaa

Humna Moo Jaalala

Yookaaniis Beekkumsa

Rabbitti Amanuun

Garuu Hunda Dursa

Ilmi Namaa Hunduu

Nihawwa Gammachuu

Tabbaaf Laga Bu'ee

Barbaada Argachuuf

Irra Baay'een Namaa

Ammas Hin Atgannee

Barbaaduutti Jiu

Garuu Hin Mikoofne

Maallaqatti Yaada

Namni Kaan Gammachuu

Kaanis Fayyaa Hawwa

Kanuma Argachuuf

Lachuu Argatanii

Hin Gammanne Garuu

Waan Dhabantu Jira

Kan Hin Beekne Ha Baru

Maalinni Jettanii

Nagaafattuu Laata

Waan Tokko Qofatu

Gammachuu Siif Laata

Karaan Lama Hin Jiru

Kan Gammachuu Takkaa

Maalinni Naan Jettuu

Islaamummaadha Kaa

Tawbaa Heddummeessaa

Wanjala Yoo Hojjattee

Si Cinqamte Qalbiin

Dafiitii Tawbadhuu

Deebi'i Gara Rabbii

Hin Hojjadhu Jedhii

Waan Darbetti Gaabbi

Gara Isaa Deebinaan

Rabbi Namaaf Dhiisa

Bakka Ati Hin Beeknee

Rahmata Siif Buusa

Yakka Dur Hojjatte

Gara Isaa Deebisi

Akka Siif Dhiifamuuf

Kadhaa Heddummeessi

Nama Isa Kadhate

Rabbi Isaaf Dhag'a

Bakka Yaade Mara

Rabbiin Isa Ga'a

Guyyaan Du'aa Yoomi

Nuti Hin Beeknu Baraa

Boriif Iftaan Ta'ee

Yookaanimmo Har'a

Waan Kana Ta'eefuu

Qophaa'uun Murteessaa

Ganamaa Fi Galgala

Tawbaa Heddummeessaa

Irra Deddeebi'aa

Sammuu Qulqulleessaa

Qalbiidha Nuuf Kenne

Caalchiseeti Uume

Rabbiin Waan Hundarra

Akka Yaadu Godhee

Laaffiseef Waan Mara

Akka Waliif Galu

Dubbatee Afaaniin

Rabbiin Adda Godhe

Ilma Namaa Kanniin

Ammas Nuuf Kenneera

Sammuu Ittiin Yaannu

Kennaa Rabbii Guddaa

Ammas Haa Yaadannu

Nyaataaf Kan Nuuf Ta'u

Nuuf Uume Dachiirraa

Bar Tola Isaatiin

Nu Jiraachaa Jirra

Akka Waa Barannu

Dubbisnee Kitaaba

Ilma Namaaf Kenne

Barreessuuf Nibaaba

Adda Nu Godheera

Rabbi Bineensarraa

Qalbiidha Nuuf Kenne

Kunoo Waan Hundarra

Ammas Haa Yaadannu

Tola Rabbii Keessaa

Waanuma Xixiqqoon

Isiniif Odeessaa

Guyyaadhaa Fi Halkan

Addatti Nuuf Baasee

Akka Dalagannuuf

Guyyaa Nu Badhaasee

Boqonnaadhaafillee

Halkan Nuuf Laaffise

Tolli Rabbii Guddaa

Hin Dhuma Tarraa'ee

Yaadee Haa Xiinxalu

Hundinuu Gadi Taa'ee

Akka Ittiin Yaannuuf

Nuuf Kenneera Qalbii

Adda Nu Godheera

Waan Hundarraa Rabbi

Mee Deemii Ilaali

Tabbaa Fi Baharii

Hundumaa Qalbiidhaan

Taa'ii Tafakkuri

Dhachee Bal'oo Kana

Osoo Deemnee Laallee

Akkaataa Uumamasaa

Waan Huda Madaallee

Baay'ee Nu Fayyaada

Hadhaa Fi Borillee

Kaanis Tabba Godhe

Isa Kaan Diriiraa

Cabbiidhaa Fi Tulluus

Keessaati Uumee Jira

Bakka Deemte Hundatti

Ilaalali Uumaa Rabbii

Xiinxallii Hubadhu

Siif Kenneera Qalbii

Nyachuudha Fi Dhuguun

Nama Nama Hin Godhu

Bineensis Ni Nyaatu

Kanammoo Hubadhu

Hargansuu Fi Deemsa

Rabbiin Hudaaf Kenne

Hundumtuu Ni Deema

Bineensaaf Namnillee

Hargansuus Yoo Ta'e

Jiraachuuf Murteessaa

Namaaf Waan Biraallee

Kuni Wal Qixxeessa

Erga Nama Taatee

Ati Uumaa Addaati

Yaadaani Caalchise

Rabbi Ilma Namaati

Abdii_Hin_Kutiin

Namarraa Fala Eegdee

Yoo Dhabdeyyuu Bu'aa

Sababa Fira Dhabdeef

Ofitti Hinwaamiin Du'a

Siif Mijachuu Didus

Jireenyi Irra Lafaa

Sababa Qarshii Dhabdef

Of Hin Madeessiin Nafaa!

Biiftuun Kaaniif Baatee

Kankee Ta'ullee Didaa

Aartee Abdii Hinkutiin

Guyyaatu Guyyaa Fidaa

Hinta'iin Nama Yartuu

Kanqilleensi Uursee Raasuu

Nama Abdii Kute

Doozariin Lafaa Hinkaasuu!

Guyyaan Ni Jijjiirama

Guddaan Ni Xiqqaataa

Bal'aan Ni Dhiphataa

Sooressi Hiyyoomee

Guutuun Ni Hir'ataa

Kan Kolfu Ni Boo'aa

Kan Deemun Dhaabbataa

Wanta Gaarii Ta'ee

Inni Nuti Laalluu

Kan Har'a Bareede

Bor Fookkisuunsaan Ooluu

Seeqqadhuu!!!

Fuulla Kan Kee Ibsii

Gammachuu Mullisi

Hundattuu Seeqadhuu

Ofitti Mirqaansisi

Dukkanni Fuulla Kee

Namaan Adda Si Kuta

Osoo Si Bira Hin Gahiin

Dabuuf Karaa Laallata

Fuulla Guduunfitee

Yeroo Ati Deemtuu

Maatii Dhumtii Keeyyu

Sitti Dhufuu Hin Jaallatu

Gaafa Atii Seeqattee

Fuulla Ifaan Deemtuu

Ormaafii Firrii Illee

Gammachuun Si Simatu

Islaamummaan Kanaaf

Bakka Guddaa Kennee

Hadiisaa Nabii Keenyaa

Akka Hin Dagannee

Fuulaa Ifaa Ta'een

Obboleessa Simmachuun

Sadaqaadha Hin Jennee ??

Kanaaf Obboleessaa

Atis Obboleettii

Seeqachuu Baayyiisaa

Seequun Sunnaadhaatii

Jaalala Keetiin!!!

Ati Naaf Ija Kiyya

Siif Dhahata Onnen Koo

Si Malee Hin Gammaddu

An Yoomuu Qalbiin Koo

Ati Naaf Bareedinaa

An Siinin Midhagaa

Yoo Ati Jiraatteen

Guddadhee Dagaaga

Jaalala Kan Keetin

Arraa Fii Borullee

Rabbiin Na Milkeessa

Shakkii Tokko Malee

Gaafa Guyyaa Cinqii

Garri Deebin Jirree

Aduun Gadi Dhihaatee

Qaama Nama Ciree

An Si Jaallachuu Kootin

Qabbana Argadhaa

Yoon Si Male Tahe

Duubni Koo Hongeedha

Akka Bor Milkoofnee

Taanu Jannata Keessa

Ani Sin Jaalladhaa

Atis Na Jaalladhu Obboleessa

Rabbiin Nu Haa Godhu

Nama Dhugaan Wal Jaallatu

Kan Obboleessa Isaatif

Lubbuu Isaa Laatu

Dhugumaan Namni Obboleessa Rabbiif Jecha Jaallatu Hin Qabne Jireenya Akkam Jiraata

Jaalala Dhugaa

Osoo Jaalalti Tee

Taatee Tapha Joollee...

Silaa Niin Hifadha

Yeroon Wajjin Oole...

Garuu Jaalalti Tee

Naaf Hundee Jiruuti...

Gaafa Siin Wal Dhabde

Lubbuun Too Ni Duuti...

Akkaan If Hin Dhabne

Jiruu Too Naaf Guuti...

Jaalaltiin Siif Qabu

Hunda Bakka Buuti...

Haadhaafi Abbaarra

Khan Natti As Aanu...

Arraafi Borullee

Suma Yaa Rahmaanuu...

Milkii!

Namni Milkaa'uu Fedhu

Hadhaa Fi Borillee

Haraama Dhiisuudha

Xiqqaa Fi Guddaallee

Wanta Rabbiin Dhoorge

Irraa Fagaachuudha

Waan Innitti Ajaje

Hunda Raawwachuudha

Murtee Rabbii Hunda

Jaalalaan Fudhachuu

Cinqiif Rakkoo Mara

Obsaan Dabarfachuu

Akkana Yoo Goone

Yoomuu Ni Milkoofna

Akka Nuuf Laaffisu

Rabbiin Ni Kadhanna

Yaa Rabbi Nuuf Kenni

Milkii Biyya Lachuu

Gadda Nurraa Kaasi

Nuuf Kenni Gammachuu

“Aangoo Fi Harmi

Kufuun Isaa Hin Oolu!"

Aangoon Qaba Jettee

Kan Hojjattu Waan Feete

Akka Bor Sirraa Bu'u

Sila Ni Dagattee?

Aangoorra Hin Turamu

Bari Umrii Guutuu

Kan Isa Abdattee

Waan Feete Hojjattu

Mullachuu Baay'isuun

Nadhoksiis Ni Fidaa

Maaloo Nama Hin Hidhin

Hin Hojjatin Miidhaa

Aangoon Kan Rabbiiti

Kan Hundumaa Caalu

Jiraataa Yeroo Maraa

Isa Waa Hin Madaalu

Ajaa'eef Qubni Hin Citu

Atis Naaf Lammiidhaa

Hanga Dandeettii Koo

Isinan Gorfadhaa

Hamma Lubbuun Jirtan

Waan Gaarii Hojjadhaa

Aangoo Rra Hanga Jirtan

Haqummaan Bahadhaa

Mirga Kooti!?

Mirgan Qaba Jettee

Kan Dubbattu Waan Feete

Akka Bor Gaafatamtu

Tasuma Dagattee?

Bar Sibira Jira

Kan Yakka Kee To'atu

Hojii Kee Guyyaa Guyyaa

Kan Hunda Galmeeffatu

Waan Dhossiitee Dubbatteef

Ifatti Odeessites

Hundaa To'ataa Jira

Waan Ati Barreessites

Boru Sitti Dhiheessa

Gaafa Guyyaan Isaa Ga'e

Mormuu Hin Dandeessu

Ragaadhaan Qophaa'e

Siin Hin Araaramu!

Waan Gammachuu Qabu Seetaa

Ansi Waliin Kolfinaan

Laalaaf Madaa Koo Hunda

Obsee Cininnanaan

Waan Darbe Dhiisuu Wayya

Jedheetani Malee

Ani Hin Daganne

Waan Nagoote Kalee

Isa Kana Duraas

Ofii Namadeessitee

Akkan Hin Boqanneef

Ashaboo Itti Firfirsite

Nan Dagadhe Seetee?

Waan Ati Nagoote

Yaadachuu Hin Fedhu

Waan Nagoote Kaleessa

Ammas Yoon Yadadhe

Garaa Nalaalleessa

Ijji Koo Imimmaani

Garaan Kan Koo Madaa

An Si Arguu Hin Fedhu

Yoomuu Harra Booda

Yakkamaa Fi Hamaa

Natti Hin Faarsin Lamuu

Guyyaa Harraan Booda

Siin Hin Araaramu

Kan Akkanaas Jira

Guyyaa Tokko „„

Kaameeraa Dhoksanii

Ofii As Bahanii

Namoota Dhaabanii

Gaaffii Eegalani

Namni Gaafatamu

Hin Beeku Waan Isaa

Waan Itti Mullate

Cal Jedhee Deebisa

Inni Tokko Kana

Gaaffii Sana Keessaa

Rabbiin Waa Gaafachuu

Argattee Carraasaa

Siif Tokko Kennamee

Ollaa Keef Lamaansaa

Isa Kana Tokko

Gaaffii Sana Keessaa

Nam Tokko Qabanii

Kana Gaafatanii

Waan Inni Deebisu

Deebiisaa Eegani

Innis Xiqqoo Yaadee

Xiinxallee Sammuutti

Jechuudhaan Deebise

Akka Armaan Gadiitti

Anaaf Ija Tokko

Akka Naaf Balleessu

Kan Ollaa Kootiimmoo

Lachui Dhabamsiisuu

Kana Gaaffiim Kan Koo

Kan Itti Dhiyeessu

Kan Akkanaas Jira

Irraa Haa Fagaannu

Hanga Lubbuun Jirru

Waan Gaarii Haa Yaannu

Dhaga'i Siifan Himaa

An Nama Hin Miidhu

Cubbuus Hin Hojjadhu

Sobaafi Homaa Homee

Tasa Hin Dubbadhu

Sobas Ragaa Hin Ba'u

Isa Dhugaa Dhiisee

Namas Hin Komadhu

Ifatti Himuu Dhiisee

Haraamas Hin Nyaadhu

Halaalli Osoo Jiruu

Namas Hin Kadhadhu

Osoo Mana Jiruu

Namas Hin Dhoowwadhu

Waan Qabu Hudarraa

Ilaalaa Hin Darbu

Rakkataa Karaarra

Waan Qabuum Deeggareen

Cinaa Isaa Dhaabbadha

Akka Naaf Laaffisus

Rabbiinan Kadhadha

Namni Nahaa Arguuf

Hin Hojjadhu Ani

Rabbumaafan Godha

Hundaa Beeka Inni

Yoo Keessumman Dhufe

Sirriitan Kabaja

Nama Waa Gaafates

Nan Kennaaf Maarrajaa

Qaama Kan Koo Hundaan

Nan Hojkadha Keyrii

Ammas Nan Kadhadha

Rabbi Nagargaarii

Ija Kan Koo Kanaan

Haraama Hin Laalu

Wantoonni Gaggaariin

Buzuu Nagar Aallu

Bakka Ajaa Hin Deemu

Miila Kan Kootiinis

Irraa Nan Fagaadha

Mana Shiishaas Caatiis

Waan Anaan Hin Malle

Harkaanis Hin Qabu

Hubadheen Itti Yaada

Waan Bu'aa Naaf Qabuu

Yeroos Hin Qisaasu

Faaydaadhaan Maletti

Hadhuman Hojjadha

Bor Guyyaa Biraati

Yoo Bu'aa Hin Qabne

Haasaas Hin Baay'isuu

Mormiidhaa Fi Waree

An Hin Keessummeesu

Waan Argeef Dhaga'e

Dhugaa Ifan Baasa

Asitti Miidhamus

Bor Rabbi Na Badhaasa

An Miskiina Laafaadha

Rabbittan Haajama

Sababa Kana Hundaa

Dhaga'i Siifan Himaa

Dont For Get

Because Ani Muslimaa

Rabbitu Na Ajajee

Waan Jedhe Marayyuu

Ittis Hin Dabalu

Hin Hir'isu Waayyuu

Rabbi Sin Kadhadha

Yaa Allah Gooftaakoo

Ani Ragaan Ba'a

Ati Yoomuu Tokko

Yoomuu Narraa Qabi

Waan Hamaa Fi Rakkoo

Ammas Na Waffaqi

Waan Ta'e Mara Keyrii

Achi Nurraa Qabi

Ija Hamtuuf Sharrii

Ammaaf Ergaa Kiyya

Hin Dabarsu Asirra

Kan Biraatiin Dhufaa

Na Eegaa Abshiiraa

Rabbiinis Naaf Kadhaa

Hadaraa Yaa Firaa

Akkas Malee Taatiiree’

Osuma Rafanii Ka'aniika'anii

Milkaa'uum Jiraate

Waan Barbaadde Mara

Argatama Taatee

Waan Isaanitti Tole

Qofa Dalaganii

Waan Isaan Cinqurraa

Osoo Fagaatanii

Haaluma Salphaatti

Seenaa Dalaganii

Silaa Maqaan Namaa

Guute Kitaabarra

Katabamee Taa'ee

Dhalootatti Dabra

Boqonnaa Barbaachaaf

Akka Fedhan Rafaa

Seenaan An Dalagu

Dhalootaaf Naa Hafa

Jedhanii Dubbachuun

Yaada Boodatti Hafaa

Warri Seenaa Hojjatan

Waan Hunda Obsanii

Hirriballee Rafuu

Osoo Dharra'anii

Bakka Yaadan Ga'uuf

Ciminaan Obsanii

Rakkoof Bal'oo Mara

Hundaa Danda'anii

Kunoo Har'a Jira

Bar Seenaan Isaanii

Jiraachuu Barbaadaa

Jireenya Gammachuu

Hawwiis Yoo Qabaatan

Seenaa Dabarfachuu

Wal Faallaadha Jira

Wan Hin Argu Lachuu

Hanga Hirriba Dhabdee

Fedhiikee Mo'atutti

Waan Barbaaddu Sana

Hanga Argattutti

Nan Boqadha Hin Jedhin

Hanga Milkooftutti

"Guyyaa Tokko Anis

Garuu Naman Ta'a

Dhaloonni Boodakoo

Seenaa Koo Haasa'a

Hawwiin Kiyya Martuu

Bakkuma Naaf Ga'aa"

Kana Jechaa Ooluun

Manaama Hiika Hin Qabne

Namni Akka Kanaa

Eessayyuu Hin Dhaqaabne

Seenaa Dhaggeeffatanii

Yookaan Dubbisanii

Yeroma Sanaaf

Ittiin Mirqaananii

Ah Uh Ih Ajaa'iba

Wayii Jedhaa Oolanii

Yoo Irraa Hin Baranne

Maaliree Faaydaanii?

Ittiin Booharuudhaaf

Dhaggeeffatta Taanaan

Yookaan Bashannanaaf

Kitaaba Dubbisnaan

Yoo Hin Jijjiirin Hujiitti

Maali Bu'aan Isaa

Diraamaallee Laallaan

Si Bashannansiisa

Hirribas Ni Dhabda

Rakkattee Beelofta

Cinqamtee Yaaddoftee

Bakka Dhaxxu Dhabda

Waan Hunda Obsitee

Jabinaan Dabrata

Gaafa San Milkooftee

Gammachuu Argatta

Akkas Malee Taatiiree

Milkaa'uun Yaa Jamaa

Ilmi Namaa Hunduu

Waan Baay'ee Haajama

Rabbiin Kadhachuummoo

Maaloo Hin Dagatinaa

Kadhaadhaaf Ibaadaaibaadaa

Yoomuu Hin Dhiisinaa

NAGAATTI!

Dubbisuu Keessaniif

Hedduu Galatoomaa

Galanni Haa Ta'u

Keessan Bilisummaa

Nagaaf Rahmata Rabbii

Keessa Naaf Jiraadhaa

An Onnee Koorraan

Bar Isin Jaalladha

Yoo Nashakkitanis

Rabbiyyuu Ragaadha,

Maaloo Yaa Firakoo

Rabbiinis Naaf Kadhaa

Ammaaf Haadhaabannu

Dirqamnee Asitti

Walitti Deebina

Yeroma Dhihootti

XUMURAME!